Bashannana milkaawaa guyyaa ayyanaa karoorafachuuf qophii guddaa gaafata fi xumurnis!

Qophiin bashannana xumurame, akkasumas keessummoonni booda hafanis deeman. Ijoolleen rafan akkasumas bakki bashannanaa qulqullaawe. Guyyaan dheeraa fi sa'aan kan gara hirribaa deemanii dha.

Garuu of-eeggannaa gayaa gootee? Ibsaa fi waan bareechiifteen hunda dhaamsitee? Ibsaa shaamaa fi mi'a elektrikaa (appliances) dhaamsitee?

Keessummota kee keessa tokko utuu hin beekin timboo (sigaaraa) soofaa jiddutti hoo gad-buusee utuu hin argin, sa'aa hedduuf ibidda uumee jiratee hoo?

Utuu gara hirribaa hin deemne, kennaa guyyaa kanaa caala dhimma xumuramuu qabutu jira. Daqiiqaa yartuu fudhachuudhaan waan hunda toohadhu, waan guyyaa guutuu hojjachaa turte caalaa kun hedduu barbaachisaa ta'a.

www.ci.minneapolis.mn.us/fire

Wojji ta'uudhaan

WWW.FIRE.STATE.MN.US

AYYAANA IBIDDA HINQABNE

Ayyaana Qophii bashannanaa Karoorfadhu!

Simannaa Tibbaa Haaraa

MUKA ILAALCHISEE HOO?

- Muka harka namaan tolfame (artificial) bitta hoo ta'e, kan ibiddaan hin gubanne ta'uu mirkaneeffadhu.
- Mukni tokko jiidhaa ta'uu beekuuf:
  - Bifti isaa magariisaa calalaqaa ta'uu.
  - Qoree dame isaa irraa buqqisuun ni rakkisa.
  - Qoreen jiidhaan hin cabu, ni daba malee.
  - Qoreen akka salphaatti irraa jiga taanaan mukni sun gogaa dha.
  - Qolli mukaa wolitti qabata.
- Mukni jiidhaan guyyaa guyyaan bishaan obaasuu barbaachisa, bakka gogaatti hoo ta'e guyyaatti yeroo tokko ol.
- Muka akka hin kufnetti lafa dhaabate, kan jalli baldhaa ta'e ykn waan keessaa dhaabatu hoo qaba ta'e gara jalaan akka ulfaatu cirracha itti buusi.
- Muka bakka ibiddaa, bakka mukni itti bobeeffamuu, fi kan mana hoo'isuu (radiator) irraa fageessi.
- Muka karaa namni olii fi gad deebi'u akka karaa fulaa hin cufne fageessi.

OF-EEGGANNAA BAREECHISU IRRATTI…

- Distii danfuu ykn kan ixaanna irratti aarsitan bakka qillensaaf bana ta'e kaawamee itti dhiheenyaan eegamuu qaba. Yeroo manaa baatu distii ykn ottee danfu ibidda irratti hin dhiisin.
- Ibsaa mana keessaa fi alaa akka mallattoo (label) irratti barreeffameetti hordofi.
- Ibsaa hundaa sookkeettiin kan cabee jiraachuu, shiboo luqqa'e, jiraachuu hubadhu. Kan miidhame hoo jiraate gati.
- Haada Elektriikaa afaan manaa jala hin dabarsin ykn fulaa keessa hin basin.
- Hoo gara hirribaa deemtu ykn manaa baatu ibsaa fi ibsaa ittin mana bareechisan dhaamsi.
- Ibsaa elektriikaa muka sibiilaa irratti hin fayyadamin.
- Ibsaa shaamaa gonkumaa muka irratti ykn gosa mukaa biratti hin dhiheessin.
- Ibsaa shaamaa hunda irraa 12" naannawii of-eeggannaaf fagaadhu.
- Ibsaa shaamaa waan hin garagalle keessa kaa'i akka namni hin garagalchine ykn boba'ee irraan hin jigne.

OF-EEGGANNAA BAKKA IBIDDA ITII BOBEESSAN…

- Yeroo ibidda boba'u hundaa golgaa (screen) fuldura bakka ibiddi boba'uu kaa'i.
- Utuu gara hirribaa hin deemne ykn manaa hin baane dura ibiddi guututti dhaamuu mirkaneeffadhu.

- Gonkumaa kaalsii ibiddi boba'u fuulduratti ykn gubbaatti hin rarraasin.

OF-EEGGANNAA AYYAANEEFACHUU…

- Yeroo nyaata bilcheessitu too'adhu-uffata gad-rarra'u hin uffatin, kan harkii dheeraa hoo ta'e ol-cabsi. Waan ibiddaan qabatu, ijoollee fi bineensota manaa bakka ibiddaa (stove) akka nagaya ta'utti fageessi.
- Qabata eelee ykn distii gara keessaa deebisi.
- Keessummaa keetiif bakka sigaara ykn timboo itti gatan meeshaa bal'aa fi gad-fagaatu qopheessi. Daaraa sigaaraa kana qorqqoorroo qadaada qabu keessatti kaayuudhaan utuu gara tiraashaatti hin darbin sa'aa 24 tursiisi.
- Keessummootaa fi hiriyoota kee kan alkoolii dhugan toohadhu. Nam-tokkollee dhugee akka oofu hin hayyamin.

Minnesota keessatti Sigaara xuuxuun balaa ibiddaan du'a nama irra gahuuf sabab ol aanaa dha. Akkasumas sigaaraa xuuxuu fi alkoolii dhuguun hoo wolitti eda'ame lubbu dhabamsiisu. Bashannaan booda, soofaa jalaa fi keessaa akkasumas bakka tiraasha itti gatan keessa sijaaraa cittee buutee jiraatteefii achitti ibidda qabsiifte ta'e silaali.

AYYAANEFFACHUU KAM IYYUU DURA…

- Alarmii aaraa fi CO irratti yaalii godhi.
- Karoora akkaataa manaa itti baqattu irratti shaakali.